# سُورَةُ العَلَقِ
# Suuraa Kgalaqaa

*Dura dursoo suuran tun { suuratulkgalaq } je'amti.
قبل كل شئ هذه هي سورة العلق

*Isiin suuraa makkaati .
وهى سورة مكيه

*Aayaanni isi'ii kudha sagali .
وآياتها تسع عشر ١٩

*Lakkooysi isi'ii sagaltamii jaha
وعددها ست وتسعون ٩٦

*Isiin,eega {suuratulburuujii} buute
نزلت بعد سورة البروج

*Isiin,jalqabarraa ,hanga, aayata jaheessa'atti,waan ,qur'aanarraa,dura dursoo, nabi Muhammadirratti bu`e isaa goda gaara makkaa tokko keessa taa'ee, Rabbi ibaadu ,gaarri sun gaara {hgiraa'} je`ama akkuma amma {jabalunnuur} je`amu, Rabbiin ,odoo nabi Muhammad hin ergin dura , hanga amata afurtamaa haala gaari`irratti isa guddise gaafas warri makkaa muka gabbara, wal miidha, farshoo dhuganiiti dhala`aa dhiiran walitti makamanii taphatan , ammoo nabi Muhammad waan isaan dalagan san itti hin dhiyaatu, waan gaarii malee hin dalagu ,hanga namuu Muhammad amanamaa, Muhammad gaarii, jecha`aan isa beekhe takkatti, hanga mala isaa malee mala nama biraa dhiisanitti.
وهي الي الآية السادسة أول ما نزل من القرآن

Nabi Muhammad gaafas hoggaa warri makkaa farshoo dhugee taphata`aa bulu ,inni ganda makkarraa bayeeti , goda gaara hiraa' seenee zamana dheeraa achi oolee bula Rabbii tokkicha ibaadu'uu jecha waan Rabbiin uume laalee ,aja-a`iba godhu`uun, odoo qur`aanni irrattin bu`in Rabbi ibaaduu ture, kan waa takka hin qaraane ,duuba oduma nabi Muhammad {goda hiraa`} keessatti Rabbi ibaadu`utti jiruu, malaktichi { jibriil } je`amu tokko sami`ii bu`ee goda san itti seenee, yaa Muhammad qara`i je`een, jennaanin an nama waa qara`uu miti je`een, hoggaa san qabee ukkaamse, hanga nabi Muhammad lubbuun itti dhuftee rakkate takkatti, eegasii gad dhiisee ammas qara`i je`een, an nama waa qara`uu miti jennaanin ammas hacuucee, eegasii gad dhiisee , qara`i jennaanin, an nama waa qara`uu mitii maalin qara`a je`een,hoggaa san jibriil {iqra`, bismi Rabbi kaallazhii khalaqa, khalaqal insaana min kgalaqa, iqra`, warabbuka-l'akramullazhii ,kgallamabilqalami, kgallamal`insaana maalam yakglam} duuba nabi Muhammad qara`ee achirraa nabi Muhammad ergamaa Rabbii taye, wanni qur`aanni bu`uu jalqabeen waa qara`uu maqaa Rabbii nama uumee, waa katabuu nama barsiisee waan hin beyne nama beysiseen, wanni Rabbiin qur'aana qaraati`iifii katabbi`iin jalqabeef, gatii waa qara`uudhafii, waa kata-

buun qabdu nuu addeysu`uufi, maalif jennaan? karaan beekkomsaa qalamaafii arrabaa, namni qara`ee katabu, gatii guddoo qaba, wanni nabi aadam malaayka`arra caalin beekkomsa, Rabbiin nu uumee, waa qara`uudhafii katabuu nu barsiisun ni`maa yookaa qananii guddo`,namni nama waa barsiisu, yoo nama dhibe itti obsanii baratu`, akka nabi Muhammad, obsee jibriilirraa qur`aana baratetti, amallee guddinni barmoota nama duraa hin dabarsu, nabi Muhammaduu eega amata afurtamaatii qur`aana baratee.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbi`ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

اقْرَأْ بِاسْمِ رَبِّكَ

*Maqaa Rabbii keetitiin qaraatii jalqabi,

الَّذِي خَلَقَ (١) خَلَقَ

**1}***Rabbiin kee sun isa waa hunda uume .

الْإِنسَانَ مِنْ عَلَقٍ (٢)

**2}***Kan nama dhiigarraa uume ilmoon namaa hoggaa garaa haadhaa seentu bishaani, kan isi'iifii isarraa bayee ,gadaamessa seenu , duuba bishaan sun hanga guyyaa afurtama garaa haadhaa keessa taa`u{nuxfaa} je`ama,ammas eega guyyaan afurtamni biraa irraa dabree dhiiga ititaa taya,sun {kgalaqaa} je`amaa, ammas hoggaa guyyaan afurtamni biraa irra dabre,foon taya .sun {mudghaa} je`amaa ,ammas hoggaa guyyaan afurtamni biraa irra dabre, foon sun nama tayee uumama, kun hundinuu baatii afur keessatti, ammoo eega baatin afur guutamtee, Rabbiin malaaykaa itti ergee ruuhii itti afuufee, waa afur kataba, rizqii ilmoon sun hanga jirtu argattu, ammas wanni garaa jiru sun hangana jiraateti du`aa ,ammas waan kana dalagaa, ammas inni nama iimaanarratti du`umoo, lakkii nama kufri`irratti du`uu kataba , afran namarratti katabame kanarraa, namni maquu dandayu hin jiru, ammallee namni waan kanaafan uumame, gaafanan du`aa, bakka tanattin du`aa beekhu hin jiru, wanni namarratti jiru karaa Rabbiin isa uume itti isa ajaje deemuu, nama hundaaf Rabbiin waan isaa uume laaffisaa ,duuba Rabbiin akka dubbannetti nama uume, qur`aana nabi Muhammad irratti buusee, akki je`een.

اقْرَأْ وَرَبُّكَ الْأَكْرَمُ (٣)

**3}***Maqaa Rabbii keetii, kan arjaa tayeen qara'i, waan nuti si barsiifnu.

الَّذِي عَلَّمَ بِالْقَلَمِ (٤)

**4}***Rabbiin kee isa qalamaan waa katabuu nama barsiise,namni dura dursoo qalamaan waa katabe nabi idriis ilma shiis ilma aadami

عَلَّمَ الْإِنسَانَ مَا لَمْ يَعْلَمْ (٥)

**5}***Rabbiin kee isa ,nama waan inni hin beyne barsiisee,dubbatuu tayuu, waa qara'uu tayuu,waa katabuu tayuu waa dalaguu

tayuu.

كَلَّآ إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَيَطۡغَىٰٓ ﴿٦﴾

**6}***Lakkii, dhugumaan ilmi namaa kar-a`arraa jallata. Wasanaa baya.

أَن رَّءَاهُ ٱسۡتَغۡنَىٰٓ ﴿٧﴾

**7}***Hoggaa,horii ,argatee, duroomuu if arge ,karaa Rabbirraa bayeeti Rabbii dhiigarraa isa uumee, horii isaa kenne irraanfata, akkuma waan Rabbiin waan isaa kennerraa isan gaafannee seya, aayanni tun wanni dubbattu; kaafirticha badaa nabi Muhammad cinqe kan {abuu jahli} je`amuufii, nama haala akka haala isaa qabu hunda.

إِنَّ إِلَىٰ رَبِّكَ ٱلرُّجۡعَىٰٓ ﴿٨﴾

**8}***Yaa ilma namaa, hanga millee jallattee ,karaa Rabbirra fagaattu, deebin tee gara Rabbii keetitii waan ati dalayderraa si gaafatu`uu taa`a.

أَرَءَيۡتَ ٱلَّذِي يَنۡهَىٰ ﴿٩﴾ عَبۡدًا إِذَا صَلَّىٰٓ ﴿١٠﴾

**910}***Mee gartee,namicha hoggaa gabrichi keenya salaatu salaatarraa dhowwu inni abuu jahlii,kan hoggaa nabi Muhammad salaatu,salaatarraa dhoowwu.

أَرَءَيۡتَ إِن كَانَ عَلَى ٱلۡهُدَىٰٓ ﴿١١﴾

**11}***Mee gartee, odeessi ,yoo namni inni salaatarraa dhoowwu sun kan haqarra jiru taye.

أَوۡ أَمَرَ بِٱلتَّقۡوَىٰٓ ﴿١٢﴾

**12}***Takkaa yoo kan Rabbi sodaatu'utti nama gorsu taye inni nabi muhammadii nageenyi isarratti haa jiraatuu.

أَرَءَيۡتَ إِن كَذَّبَ وَتَوَلَّىٰٓ ﴿١٣﴾

**13}***Mee gartee,odeessi,yoo namichi gabricha keenya salaatarraa dhowwu sun kan Rabbii isaa dhagayuu didee ,nabi Muhammad kijibsiisee haqarraa gara gale taye.

أَلَمۡ يَعۡلَم بِأَنَّ ٱللَّهَ يَرَىٰ ﴿١٤﴾

**14}***Si namichi sun akka rabbiin isa argu akka Rabbiin waan inni, dalagu sanirratti qixaaxu'uu jiraatu hin beekhuu,qaraatin biraa {الم تعلم بأن الله يرى} jetti, makgnaan isaa yaa nama argee dhagayu haala namicha kanaa gara hundaan laaltee aja-a`iban goonee? gama inni salaatarraa nama dhowwu`uutin, kan namni inni salaatarraa dhoowwu, karaa haqarra jiru, kan waan gaari`itti nama gorsu, kan namichi salaatarraa nama dhoowwu sun ,ifii Rabbi khijibsiisee haqarraa gara galee jallinarra jiru,mee namni haqarra hin jirre, nama haqarra jiru haqarraa

dhowwun, akkaa? akkaa miti jechu'.

كَلَّا
*Kolkolo, takkaa haala badaa kana haa dhiisuu,

لَئِن لَّمْ يَنتَهِ
*Siifan kakadhaa, namichi sun jallina itti jirurraa yoo dhoowwamuu baate, takkaa dhiisuu baate,

لَنَسْفَعًا
*Isa bunna,

بِالنَّاصِيَةِ (١٥)
**15}***Sammuu isaa qabneeti ibiddatti isa darbina .

نَاصِيَةٍ كَاذِبَةٍ
*Sammuu ,yookaa hangullaa kijibduu

خَاطِئَةٍ (١٦)
**16}***Haqarraa mayxe , yookaa irraa jaallatte, akkana jechuun; mataa namicha sanii qabneeti ibiddatti isa darbina jechu', abuu jahli xilaanni nabi Muhammad, nabi Muhammadiin lolee, salaatarraa isa dhoowwu`uu jecha akki je`een, kittii mee fuula kiyya duratti salaati, an nama kabajamaa, namni haasawaaf itti yaa'uu, kan namni narra dhiira lolaa qabu makka keessa hin jirree, yoo na dhagayuu baattee salaatte, fardaa lafaanin, dhiira tiyya sitti kaasee, si dhabamsiisa je`een, hoggaa san Rabbiin aayata as deemtu tana buusee akki je`e.

فَلْيَدْعُ نَادِيَهُ (١٧)
**17}***Mee yoo fedhe namichi sun dhiira isaa, tan siin sodaachisu san haa yammatuu.

سَنَدْعُ الزَّبَانِيَةَ (١٨)
**18}***Nutis ashkara keenya kan ibidda keessa dalagu itti yaamna,duuba akka isa goonu argataa.abuu jahli hoggaa kana dhagayu, dhiira isaa yaammatuu sodaatee waan ka`eef irraa oole {abuu jahli}[1]jechuun ;abbaa wallaalaa jechu`u, nabi Muhammad akki je'e:odoo abuu jahli dhiira isaa akka je`etti yammatee,silaa malaaykan Rabbii dhufteeti qabdee ibiddatti isa darbiti je`an.

كَلَّا
*Lakkii.

لَا تُطِعْهُ وَاسْجُدْ
*Namicha san kan salaatarraa si dhoowwu san dubbii isaa hin dhagayin, wanni inni je'u sin yaachisin, waa takka si godhuu hin dandayu akka feetetti salaati

وَاقْتَرِب ۩ (١٩)
**19}***Ibaadaa heddommeysu`uun gara rabbii keetii dhiyaadhu,wanni Rabbittiin dhiyaa-

[1] {1)Maqaan isaa amrii ilma hishaami,maqaan jaalalaa abalhgakami abaa jahli islaamatu baasef.

tan,waan inni dalagaa je'ee itti ajaje dalaganii ,waan inni irraa dhoowwerraa dhoowwamu', duuba akkuma waan gaarii dalaganiin, gara rahmata Rabbii dhiyaatanii, akkuma waan hamtuu dalaganiin rahmata Rabbirraa fagaatanii, warra dalagaa gaari`iin rahmata isatti dhiyaatee ,azaaba isarraa fagaatu Rabbiin nu haa godhu.